



YUUNIVARSIITII WALLOO
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUUMMAA
QO'ANNOO AFAANOTAA ITIYOOPHIYAAFI OGBARRUU
MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU

Mata-duree Fijaa: Ogowalaloo Afaan Oromoo(Oromoo Poetry)

I. Odeeffannoo Waliigalaa

- | | |
|--|---|
| ✧ Gosa barnootaa: <i>Ogowalaloo Afaan Oromoo</i> | |
| ✧ Lakkoofsa koorsichaa: AFOL-3081 | Sagantaa: Idilee (Regular) |
| ✧ Baay'ina Waytii Torbanitti: 3 | Waggaa 2 ^{ffaa} Seemistera II |
| ✧ Email: <i>ssmerga56@gmail.com</i> | Lakk Bil.+25191-2----- |

II. Ibsa Koorsichaa

Koorisiin Ogowalaloo Afaan Oromoo jedhu kun koorsiiwwan ogbarruu keessaa isa tokkodha. Koorisiin kun yaadrimee ogwalaloo ilaalchisee barattootaaf hubannoo kennuu qofa otoo hinta'iin dandeettii afaaniillee cimsuu danda'a jedhamee amanama. Kaayyoon kennama koorsii kanaa inni guddaan barattoonni walaloo Afaan Oromoo, afaaniifi barreeffaman jiran dubbisuu, hubachuufi xiinxaluu akka danda'an gochuudha. Haaluma kanaan barattoonni dandeettii kalaqaa cimsachuun waan jiruufi jireenya hawaasaa bu'uureffate gara barreeffamaatti jijjiiruun ogbarruu Oromoo gabbisuuf kaka'umsa nihorachiisa. Akkasumas, walaloowwan gara garaa barreessuu, dubbisuufi walittiqabuun akka sansaka ofii cimsataniifi seenaa, duudhaa, falaasamaafi jireenya hawaasaa irratti kallattii hedduun beekumsa argatanii waa'ee addunyaa keessa jirataanii irratti hubannoo fooyya'aa akka qabaataniif gargaara.

Galma gahiinsa kanaafis, yaadrimeefi maalummaa ogwalaloo, seenaafi achi dhuftee ogwalaloo, yaadiddama ogwalaloo, gosoota, caaccuulee, unkaa ogwalaloofi jechoota ogwalaloo irratti yaadni bu'uuraa nidhiyaata. Kanaafuu barattoonni erga koorsii kana fudhatanii booda, yaadrimeewwan ogwalaloo keessatti ka'aan hubachuun guddina ogbarruu Oromoof gumaacha gochuun danda'u abdii jedhutu jira.

III. Kaayyoo Koorsichaa

Xumura barnoota koorsii kanaarratti barattoonni:

- ✍ Yaadrimeefi seenaa ogwalaloo hubachuun dandeettiifi dinqisifannoo nicimstu.
- ✍ Maalummaa walaloo nitilmaamu, nihubatu.
- ✍ Amaloota ogwalaloon tokko qabu nibeeku.
- ✍ Jechoota Ogwalaloon ittiin barreeffamu niqalbifatu.
- ✍ Waloo beekamaa, dandeettiifi aartiif jaalalaa guddaa horachiisuu.
- ✍ Gosoota ogwalaloo Afaan Oromoo nihubatu.
- ✍ Yaadrimee ogwalaloofi gahee inni jireenya hawaasaa bocuu keessatti qabu nihubachuu.
- ✍ Caacculee ogwalaloo nibeekuu.
- ✍ Ogwalaloowwan Afaan Oromoo xiinxaluun dhiyeessu.
- ✍ Ciminaafi hanqina ogwalalaloo tokko ibsuu nidandeessu.

IV. Qabiyyee Koorsichaa

1. Seenaafi Yaadrimee Ogwalaloo
 - 1.1 Yaadrimee Ogwalaloo
 - 1.2 Mala Dhahiiwwan Maddaa Ogwalaloo
2. Yaadiddamoota Ogwalaloo
 - 2.1 Yaadiddama Akkeessaa (*Mimetic Theory*)
 - 2.2 Yaadiddama Qabatamaa (*Pragmatic Theory*)
 - 2.3 Yaadiddama Ibsaa (*Expressive Theory*)
 - 2.4 Yaadiddama Walabaawaa (*Objective Theory*)
3. Hiikkawwan Ogwalaloo
4. Amaloota Ogwalaloo
 - 4.1 Qabatamummaa (*Concreteness*)
 - 4.2 Waa-manaabaa/Argayaadaa (*Imagination*)
 - 4.3 Qusannaa jechaafi walitti qabama yaadaa (*compact and compress*)
 - 4.4 Muuziqummaa/Yeedaloo (*prosodic*)
5. Walaloo Dubbisuu
 - 5.1 Walaloo Dubbisuu baruu
 - 5.2 Mala walaloon itti dubbifamu
6. Qeenxoowwan Ogwalaloo

- 6.1 Safaraafi Yaa'a Sagalee (*Meter and Rhythm*)
- 6.2 Tooraafi Buufata (*Lines and Stanzas*)
- 6.3 Irra Deddeebii Sagalee (*Alliteration, Assonance and Consonance*)
- 6.4 Unata Sagalee (*Rhyme*)
7. Unka Ogwalaloo
8. Jechoota Ogwalaloo
9. Gosootaa Ogwalaloo

V. Mala barachuufi barsiisuu

- ☒ Mala od-ibsaa /lecture method/
- ☒ Mala garee xiqqaafi guddaa /Peer and group discussion/
- ☒ Mala dhiyeessii /presentation/

VI. Haala Madaallii

- ☐ Abbaltii dhuunfaa..... 30%
- ☐ Battaleefi battallee(Quiz &Mid- exam).....20%
- ☐ Qormaata xumuraa(Final exam).....50%

Kitaabilee Wabii /Referances/

- Asafaa Tafarraa Dibaabaa .(2009) . *Eela: seenaa Oguma Oromoo*. Far-East Trading PLC
- Asafaa Tafarraa(2004) *Theorizing The Present*. Finfinnee: Biraannaa PI.
- _____.(2006). *Anaan'yaa*. Finfinnee:Baraannaa PI.
- _____.(1991). “*Afoolaa fi Walaloo*” Wiirtuu Jildii 4. Finfinnee: Gumii Qormaata Afaan Oromootiin Afaan Oromootiin,Fuula 126-199.
- Boswell, G.W. and J.R. Reaver (1962). *Fundamentals of Folk-Literature*. Oosterhout: Anthropological Publication.
- Carter, R. and M.N.Long (1991). *Teaching Literature*. Essex: Longman Ltd.
- Croft, S. and H.Cross (1997). *Literature, Criticism and Style*. Oxford: Oxford University Press Enterprise.
- Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii*. Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo. Mana maxxansa Subii
- Girmaa Maammoo. “*Sirba Jaalalaa*”. Wiirtuu Jildii 7. Finfinnee : Gumii Qormaata Afaan Oromootiin , Fuula 152-168.
- Maaramaa Harqaa.(1993). *Gundoo Booree* . Finfinnee ; Mana Maxansaa Boolee.
- Margaret Ferguson, Mary Jo Salter & Jon Stall worthy (Eds.).(1996) 4th ed. *The Norton*

Melakneh Mengistu (1999). *Fundamentals of Literature for Colleges: Theory and Practice*.
Addis Ababa: Commercial Printing Enterprise.

Misgaanuu Gulummaa (2011). *Dilbii*. Bu'uura Afoolaa, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo.
Finfinnee: Oromiyaa

Zerihun Asfaw (1992 E.C). *Yesine tsihuf Meseretawian*. Addis Ababa: Commercial Printing